Qormaata akka ciccitaa halkan dukkanaa’aa jalaa hojii gaarii hojjechuun ariifadhaa,

Abuu Hureyraa irraa odeeffame, Rabbiin isa irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Qormaata akka ciccitaa halkan dukkanaa’aa jalaa hojii gaarii hojjechuun ariifadhaa, Namichi ganama mu’umina ta’ee galgala kaafira ta'a, ykn galgala mu'umina ta'ee bulee ganama kaafira ta'a, amantii isaa waan xiqqaa duuniyaa irraa ta'e wahitti gurgura».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- hojii gaarii hojjechuun jabaachuu fi qormaanni adda addaa kan hojii gaarii hojjechuu irraa nama dhoorgan dhufuun duratti hojii gaggaarii hojjechuu fi baay'isuu irratti mu'umina kakaasan. Inni Akka halkan dukkanaati, isa keessatti dhugaan sobatti makama, kanaaf dhugaa fi cubbuu gagar baasuun namootatti jabaata, cimina isaa irraa kan ka’een ilmi namaa burjaaja’a, hanga inni mu’umina ta’ee bulee galagala immoo kaafira ta’utti, akkasumas hanga inni mu’umina ta’ee galgaleeffatee kaafira ta'ee bariisafatutti, Gammachuu biyya adunyaa kan yeroo muraasaaf darbutti amantii isaa gurgurata.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/3138